# Kitaaba Nahimiya'aa

## Seensa

Kitaab Nahimiya'aa kutaa afuritti qoodamuu dande'a: (1) Nahimiyaan Yihudaa bulchiisaaf mootummaa Faaresiitiin addee ergameeruu, gara Yerusaalemii deebi'uu isaa. (2) Deebi'ee ijaaramiisa dalleya Yerusaalemii. (3) Dubbifama ulfaataa Seera Waaqaa ka Izraan dubbisee fi cubbuu faaci'atiisa kolba'aa. (4) Nahimiyaan mootii Yihuda'aa te'ee hujii dhibii inni huje.

Kitaaba kana keessatti wonni mudhatu beekkamaan tokko, Waaqatti irkatiisa guddaa Nahimiya'aatii fi daadimata gargar hin cinne ka inni daadimate.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Nahimiyaan gara Yerusaalemii deebi'e *1:1—2:20*
Deebi'ee ijaaramiisa dalleya Yerusaalemii *3:1—7:73*
Seerri dubbifame; Gondooroolle haareffante *8:1—10:39*
Hujii dhibii Nahimiyaan huje *11:1—13:31*

### *Nahimiyaan Kolbaa Ifiitiif Daadimate*

1 Jechooti Nahimiyaa ilma Kaalya'aa kana. Artashaastaan mootii Faaresii te'ee woggaa diddameesso'ootitti, ji'a kiisluu jedhamu keessa, ani qachaa guddicha susaan jedhamu keessa adoo jiruu,
2 obboleeyyan tiyya keessaa tokkochi, Haanaan, jara takka woliin Yihudaa irraa dhufe; anille marroo Yihudoota worra adoo hin booji'amin achitti

hafee lubbu'uun jiruu fi marroo Yerusaalemii
isaan gaafadhe.
3 Isaan deebisanee, «Worri adoo hin booji'amin
hafee adaala san keessa lubbu'uun jiru, rakkinna
gudda'aa fi salphinna keessa jiran; dalleenni
Yerusaalemii caccabee jigeera; balbalti isi'iille
ibiddaan gubatteerti» jedhane.
4 Ani yennaa jecha kana dhage'e gad tee'ee
bowe; guyyaa hedduu gaddee, Waaqa ol-gubba'aa
duratti laamee daadimadhe.
5 Daadimata kiyya keessatti, «Ee, Mootii Waan
Maraa Waaqa ol-gubba'aa! Ati gudda'a; so-
daachisa'alle'e. Worra si jaalatuuf, worra ajaja
keeti eegatuufille, gondooroo teetii fi jaalala keeti
ka bara baraa ka eegattu,
6 daadimata ani garbichi keeti si duratti halka-
nii fi guyyaa tajaajiltoota teeti, kolbaa Israa'eliitiif
amma daadimadhu, gurri keeti dhage'uu ti; ilti
teetille dhaggituu ti. Cubbuu nuuti kolbaan Is-
raa'elii hunye hin faaci'adha. Anii fi abbootiin
tiyya yakkineerra.
7 Nuuti si duratti daba hunyeerra; ajaja keetii fi
sirna, seerata ati tajaajilaa keeti Muusee ajajjelle
hin eeganne.
8 Ati, ‹Isin yoo addatamuu dhaddane, ani worra
Yihudoota hin te'in odduu isin bittinneessa;
9 isin ammoo yoo gara kiyya deebitanee fi ajaja
kiyya eegattanee tolchitane, haga qaccee biyya
lafaa bittinnoottanulle, ani achii wolitti isin qabee
deebisee addee maqaan kiyya akka itti waama-
muuf filadhetti isin fida› jecha jettee garbicha
keeti Muusee ajajje qaabadhu.
10 Isaan tajaajiltoota teetii fi kolbaa teeti, ta ati

harka keeti jaba'aa fi hunna teeti guddo'oon wo-
datte.
11 Ee Gootta'a, gurri keeti daadimata ana tajaa-
jilaa keetiitii fi daadimata tajaajiltoota teeti worra
maqaa keeti ulfeessiisatti gammaduu dhage'uu ti.
Mootichi kun akka naa mararu godhiitii, adha
tajaajilaa keeti milkeessi!» jedhe.

Yennaa san, ani nama mootichaaf daadhii dhi-
keessu.

# 2

### *Nahimiyaan Gara Yerusaalemii Dhaqe*

1 Artashaastaan mootii te'ee woggaa
diddameesso'ootitti, ji'a «Niisaan» jedhamu keessa,
yennaa daadhiin woyni'ii isaaf qophootte, ani
daadhii woyni'ii fuudhee mootichaaf kenne. Ani
duraan isa duratti gaddee hin beekuuyyu.
2 Maarre mootichi, «Ati adoo hin dhibamin,
maaf gaddite? Kun gadda gadha'aa ti malee, waan
dhibi'ii moti» naan jedhe.

Achiin duuba ani guddoo sodaadhee,
3 mootichaan, «Mooticha, bara baraan jiraadhu!
Yennaa qachaan, addeen abbootiin tiyya itti
awwaalamane diigamu, balbalti isaa duudiille
ibiddaan gubattee baddu, ani maaf hin gaddine
ree?» jedheen.
4 Achiin duuba mootichi, «Maan akka sii godhu
barbaadda ree?» naan jedhe. Maarre ani Waaqa
ol-gubba'aa daadimadhee,
5 mootichaan, «Fedhii teeti yoo teete, ani tajaa-
jilaan keeti si duratti fudhatama yoo dhaggadhe,

qachaa abbootiin tiyya itti awwaalamane san deebisee akka ijaaru, gara lafa Yihuda'aa akka na ergitu barbaada» jedheen.

6 Achiin duuba mootichi, «Haga guyyaa meeqaa ideenta? Yoom deebita?» naan jedhe; mootichi ana ergiisaaf waan gammadeef, anille guyyaa meeqa akka deemu itti hime. Yennaa san giittiille isa bira teetteerti.
7 Achiin duuba ani mootichaan, «Fedhii teeti yoo teete, haga Yihudaa gewutti nageyaan akka na dabarsanu, bulchitoota lafa laga Efraaxiisiitiin gamaatiif xalayaa naa barreessi;
8 karra dalleya Galma Waaqaatiif, balbala dalleya qacha'aatiif, mana ani keessa le'ulle'eef muka gugurdaa akka naa kennuuf, Asaafii gongomaa mootumma'aa eegulle'eef xalayaa barreessii ajaji» jedhe. Waaqi waan na woliin jiruuf, mootichi waan ani gaafadhe mara naa kenne.

9 Achiin duuba mootichi qondaaltota loltootaatii fi abbootii fardaa na woliin erge; anille gara worra bulchitoota lafa laga Efraaxiisiitiin gamaa dhaqee, xalayaa mootichaa itti kenne.
10 Namichi qachaa Bet-Horoonii Sanbalaaxii fi qondaaltichi nami biyya Amoonii Xobiiyaan, nami tokko Israa'elootaaf waan dansaa hujiisaaf akka dhufe yennaa dhage'ane, akka malee aarane.

### *Nahimiyaan Deddeemee Dalleya Ilaale*

11 Maarre ani Yerusaalem dhaqee, guyyaa sad achi ture.

12 Achiin duuba ani namoota diqqaa tokko woliin halkaniin ka'e; Yerusaalemiif akka ani hojjadhu waan Waaqi gadhaa kiyya keessa keye nama tokkolle'etti himee hin jiruuyyu. Geejjibi ani fudhadhee deeme geejjiba irra tee'e qofa.
13 Ani halkaniin karaa karra dhooqaa bayee madda jawwe'ee dabaree karra kosi'ii dhaqe; dalleya Yerusaalemii ka diigamee fi karra isi'ii ta ibiddaan gubattee badde ilaale.
14 Achiin duuba gara karra madda bisaaniitii fi baleessa mooti'ii dhaqe; ammoo geejjibi ani irra tee'eeru karaa dabaru dhabe.
15 Maarre ani halkaniin dalleya ilaalaa karaa dhooqaa ol baye. Achiin duuba duubatti deebi'ee, karra dhooqaa seenee deebi'ee gale.
16 Qondaallan eessa akka ani dhaqeeru yookiin maan akka ani hujiisatti jiru hin beenne; Yihudootatti, hayyootatti, worra gugurda'atti, qondaaltota, namoota dhibii worra hujii huju'uu jirulle'etti hin hinne.
17 Achiin duuba ani isaaniin, «Rakkinna nuuti keessa jirru isin hin dhaggitan; Yerusaalem jiddeerti; karri isi'iille gubatteerti; tanaaf haganaa achi akka hin salphanneef, kowa'a dalleya Yerusaalemii deebinnee ijaarra» jedhe.
18 Anille Waaqi attam akka na woliin jiraatee na qarqaaree fi jecha mootichi naan jedhelle isaanitti hime. Achiin duuba isaan, «Deebinnee ijaariisa jalqannuu ti!» jedhane. Maarre isaan hujii dansaa tana jalqabiisaaf qophowane.
19 Nami qachaa Bet-Horoonii Sanbalaaxii fi qondaaltichi nami biyya Amoonii Xobiiyaan, Geshemiin arabichille waan nuuti karoorfanne

yennaa dhage'ane ammoo, busheeshanee, nu qaanessanee, «Wonni isin hujiisatti jirtanu kun maan inni? Isin mooticha finqiliisaan mormiisatti jirtanii?» jedhane.
20 Achiin duuba ani deebisee, «Waaqi ol-
gubba'aa nu hin milkeessa; nuuti tajaajiltooti isaa kaanee ijaariisa hin jalqanna; isin ammoo Yerusaalem keessaa qooda yookiin waan nu'uuf te'a jettanu yookiin haqa dabarsi'ii hin qaddanu» jedheen.

# 3

## *Deebi'ee Ijaaramiisa Dalleya Yerusaalemii*

1 Achiin duuba hayyichi guddaan Eliyaashiibii fi hayyooti isa woliin hujanu «Karra hoolotaa» ta jedhantu deebisanee ijaaranee, Waaqaaf adda baasanee cufanaa itti naqane; isaan haga xelleep-hoo dhaka'aa «Dhibba» jedhantuu fi haga xelleep-hoo Hanaani'eliititti Waaqaaf adda baasane.

2 Namooti Yeriko'oo ka itti aanu ijaarane. Za-
kuriin ilmi Iimriille ka itti aanu ijaare.

3 Ilmaan Hasenaa «Karra qurxummi'ii» ta jed-hantu ijaarane; karra saniif utubaa dhaabanee, cufanaa itti hujanee, danqaraa itti hujane.

4 Ilmi Uriiya'aa Meremoot, akaakoon Haqosii ka itti aanu deebisee ijaare.

Ilmi Berekiiya'aa Meshulaam, akaakoon Meshezaabi'elii ka itti aanu deebisee ijaare.

Zaadoq ilmi Ba'ana'aa ka itti aanu deebisee ijaare.

5 Worri Teqo'aa ka itti aanu deebisee ijaare;
sooreyyiin isaanii ammoo, itti gaafattantoota
huji'iitiif ajajamanee hujiisa didane.
6 Ilmi Phaasehaatii Yoyaada'aa fi ilmi
Besodeya'aa Meshulaam karra dullattii
deebisanee ijaarane. Isaan karra saniif utubaa
dhaabanee, cufanaa itti hujanee, danqaraa itti
hujane.
7 Melaaxiiyaan Giibe'ontichi, Yaadon Meron-
tichi akkasuma worri Giibe'oniitii fi worri Mi-
ispha'aa haga addee teessoo bulchaa lafa laga
Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, ka itti aanu
deebisanee ijaarane.
8 Ilmi Haarhaya'aa Uzii'el ka worqii tumu, ka
itti aanu deebisee ijaare. Hanaaniyaan fiqiree
tolchu, ka itti aanu deebisee ijaare. Isaan haga
addee, «Dalleya badhaa» jedhantuu Yerusaalem
deebisanee ijaarane.
9 Ilmi Huurii Refaayaan, ka gamisa aanaa
Yerusaalemii bulchaa ture, ka itti aanu deebisee
ijaare.
10 Ilmi Harumaafii Yedaa'iyaan mana ifii biraan,
ka itti aanu deebisee ijaare; ilmi Hashabniiya'aa
Haxushi, ka itti aanu deebisee ijaare.
11 Ilmi Haariimii Malkiiya'aa fi ilmi Phaahat-
Mo'aabii Hashub kutaa dhibi'ii fi «Xelleephoo
addee ibiddaa» jedhantu deebisanee ijaarane.
12 Ilmi Haloheshii Shaalum, ka gamisa aanaa
Yerusaalemii dhibii bulchuu fi durri isaa, ka itti
aanu deebisanee ijaarane.
13 «Karra dhooqaa» ta jedhantu, Hanuunii fi
worra Zaano'aatitti deebisee ijaare; isaan haga
karra, «Karra kosi'ii» jedhantuutitti meetira 440

deebisanee ijaaranee, cufanaa itti hujanee, danqaraa itti hujane.
14 Ilmi Rekaabii Malkiiyaan, bulchaan aanaa Bet-Hakeremii karra, «Karra kosi'ii» jedhantu deebisee ijaaree, cufanaa itti hujee, danqaraa itti huje.
15 Ilmi Kolhozee Shaalum, bulchaan aanaa Miispha'aa karra, «Karra maddaa» jedhantu deebisee ijaaree, gosee itti ijaaree, cufanaa itti hujee, danqaraa itti huje; inni dalleya baleessa shela'aa ka fichaa mootichaatitti aanu irraa, haga sadarkaa qachaa guddicha Daawitii ka irii gadi buusuutitti deebisee ijaare.
16 Ilmi Azbukii Nahimiyaan ka gamisa aanaa Bet-Zuurii bulchaa ture, irreensa Daawitii fuula duraa kaasee haga baleessa nami hujeetii fi haga mana worra jannootaatitti, ka itti aanu deebisee ijaare.

### *Lewwoota Worra Dalleya Ijaare*

17 Worri Lewwootaa, ilma Banii Rehuumiin sooreffamanee dalleya itti aanu deebisanee ijaarane.
Hashabiiyaan bulchaan gamisa aanaa Qeyila'aa, qooda aanaa ifii ka itti aanu deebisee ijaare.
18 Ilmi Henaadaadii Biinuyi, ka gamisa aanaa Qeyila'aa dhibii bulchu, ka itti aanu ijaare.
19 Ilmi Yeshu'aa Ezer, ka Miisphaa bulchu, mana meya lolaa keyatanu fuula duraa jalqabee, haga addee dalleenni dhaqee itti dabuu, ka itti aanu deebisee ijaare.
20 Ilmi Zaabayii Baaruki, addee dalleenni dhaqee itti dabu irraa kaasee, haga seensuma

mana hayyicha guddaa Eliyaashiibii, ka itti aanu deebisee ijaare.
21 Ilmi Uriiya'aa Meremoot, akaakoon Haqosii balbala mana Eliyaashiibii irraa kaasee, haga dhuma mana isaatitti deebisee ijaare.

### *Hayyoota Dalleya Ijaarte*

22 Hayyooti adaala Yerusaalemii le'anu, dalleya itti aanu deebisanee ijaarane.
23 Beeniyaaminii fi Hashub mana ifiitiin dura ka itti aanu deebisanee ijaarane; ilmi Ma'aseya'aa Azaariyaan, akaakoon Anaaniiyaa'aa ka cinaa mana ifii deebisee ijaare.
24 Ilmi Henaadaadii Biinuyi dhuma mana Azaariya'aatii kaasee haga dalleenni dhaqee itti dabu, ka itti aanu deebisee ijaare.
25 Ilmi Uzaayii Phaalal addee dalleenni dhaqee itti dabuu fi xelleephoo eeddoo mana mootumma'aa ka gatiitti'ii biraa jalqabee, ka itti aanu deebisee ijaare; itti aansee ilmi Phaaroshii Phedaaya'aa
26 fi tajaajiltooti Galma Waaqaa worri gaara Ofeelii gubbaa le'u haga fuula dura karra, «Karra bisaanii» jedhantu, ta gara aduun baatuutii fi haga fuul dura xelleephoo eeddo'ootitti, ka itti aanu deebisanee ijaarane.
27 Worri Teqo'aatii xelleephoo eeddo'oo guddittii fuula duraa kaasee, haga dalleya Ofeelii, ka itti aanu deebisee ijaare.
28 Worri hayyootaa tokko tokkonuu mana ifii fuul duraan karra, «Karra fardaa» jedhantuun gara kaabaatiin, ka itti aanu deebisanee ijaarane.

29 Ilmi Iimerii Zaadoq mana ifii duraan deebisee ijaare; ilmi Shekaaniya'aa Shemaa'iyaan, ka karra gara aduun baatuu eegu, ka itti aanu deebisee ijaare.

30 Ilmi Shelemiiya'aa Hanaaniya'aa fi ilmi Zalfa'aa ka jayeesso'oo Hanuun, qooda ifii ka lammeesso'oo, ka itti aanu deebisanee ijaarane. Ilmi Berekiiya'aa Meshulaam mana ifii duraan, ka itti aanu deebisee ijaare.

31 Namichi worqii tumu Malkiiyaan haga mana tajaajiltoota Galma Waaqaatii fi mana daldaltootaa ka fuul dura karra, «Karra eeddo'oo» jedhantuu fi kutaa manaa ta addee dalleenni dhaqee itti dabuun gubba'aa, ka itti aanu deebisee ijaare.

32 Worri worqii tumuu fi daldaltooti, wodhakkaa kutaa manaa, ta addee dalleenni dhaqee itti dabuu fi karra hoole'ee jirtu deebisanee ijaarane.

# 4

## *Nahimiyaan Worra Hujii Isa moromu Injifate*

1 Nuuti Yihudooti dalleya deebinnee ijaariisa akka jalqanne Sanbalaax yennaa dhage'e, aaree guddoo mufatee, nutti murge.

2 Inni jaalota ifiitii fi loltoota Samaariya'aa duratti, «Yihudooti dadhabooti tun maan hujiisatti jiran? Isaan dalleya deebisanee hin ijaaranii? Isaan ciincaa dhikeessaaranii? Isaan guyyuma tokkotti hujanee fixaaranii? Isaan dhakaa gubatee caccabee tuulame kanaan akkuma inni jirutti deebisanee ittiin ijaaruu hin dande'anii?» jedhe.

3 Xobiiyaan Amoontichi ka isa bira jiru, «Dalleya
dhaka'aa ka isaan ijaariisatti jiranu san, jeedalti
takka adoo irra baate caccassitee jissiisa dan-
deetti!» jedhe.

4 Ani Nahimiyaan, «Ee Waaqa keenna! Nuuti
waan tuffatanneef nuu dhage'i; arraba isaanii
matuma isaaniititti deebis; akka isaan saama-
manuuf, biyya ormaatitti dabarsii isaan kenni.

5 Isaan nu worra ijaaru waan arrassaneef,
yakkaa isaanii hin dhossin; cubbuu isaaniille fu-
ula keeti duraa akka baddu hin godhin» jedhee
daadimadhe.

6 Maarre kolbaan hujiisaaf dharraa waan qad-
duuf, nuuti dalleya deebinnee ijaarree, haga
dheerinna dalleyaa geessisiisaaf wodhakkeessi-
nee, dalleya mara wol geessinne.

7 Sanbalaaxii fi Xobiiyaan, worri Arabaatii fi
worri Amoonii, worri Ashidoodiille akka nuuti
dalleya Yerusaalemii deebinnee, akka dansaa
ijaariisatti jirruu fi addee duwwaalle akka duu-
chine yennaa dhage'ane, isaan guddoo aaranee,

8 isaan martinuu gara Yerusaalemii dhufa-
nee, loliisaa fi jeeqiisaaf wolitti qabamanee mala
dhowane.

9 Nuuti ammoo gara Waaqa keennaa daadiman-
nee, isaan ifi irraa dhooggatiisaaf eeddota halka-
nii fi guyyaa eeganu godhane.

10 Yoos kolbaan Yihuda'aa, «Nuuti ba'aa ba'atiisa
waan dadhanneef, caccabaan woyiille guddoo
waan bacateef, nuuti dalleya ijaariisa hin dan-
deennu» jedhane.

11 Diinoti keenna, «Adoo isaan hin beekin
yookiin adoo isaan womaa hin dhaggin, nuuti

dursinee isaanitti dhunnee isaan ijjeennee, hujii
isaanii dhaabbachiinna» jedhane.
12 Yihudooti worri adaala diinota keennaa
le'anu, diinoti keenna addee maraa dhufanee nu
loliisaaf, mala nutti dhowane yennaa hedduu
nutti himane.
13 Tanaaf ani namoota dalleya duubaan addee
ijaarsi hin fixamin, shallaagaa, ebo'oo fi guubee
qabachiisee, maatii maati'iin kushee qabachiise.
14 Ani akka kolbaan sodaatte dhaggee, kolba'aa
fi sooreyyii isaaniitiin, qondaalotalle'een, «Diinota
keessan hin sodaatina'a. Waaqi guddaan sodaata-
maan, worra keessaniif, ijoollee teessaniif, haad-
hotii manaa teessaniif, maatii teessaniif akka
isiniif lolu qaabadha'a» jedheen.
15 Diinoti keenna mala isaanii akka nuuti
beenne dhage'anee, Waaqille yaada isaanii akka
hongeesse yennaa hubatane, nuuti martinuu
gara dalleya deebinnee ijaariisaa dachaane.
16 Guyyaa san irraa jalqabee, namoota kiyya
keessaa gamisi isaanii hujii ijaarsaa hujane;
gamisi isaaniille eboo, wontee, guube'ee fi
meya lolaa hidhatanee eeddoo dhaabbatane.
Sooreyyiin teennalle kolba'aaf qarqaarsa guutuu
kennituun,
17 kolbaan dalleya deebittee ijaartiiyyu. Worri
waan dalleya ittiin ijaaranu ba'atuuyyuu,
harka tokkoon hujii hujaa, harka kaaniin
meya woraanaa qabatanee diina ifi irraa
dhooggatiisaaf qophowaneeraniiyyu.
18 Worri dalleya ijaaru marti yennaa dalleya
ijaaru, shallaagaa ifii hidhatti hidhatee
ijaaraayyu. Namichi tultullaa afuufu na biraa

hin gorre.
19 Ani kolba'aan, sooreyyi'ii fi qondaaltota
isaaniitiin, «Hujiin hujii guddo'oo fi badhoo
waan teeteef, nuuti dalleya irra wol irraa
faffagaanneerra.
20 Qoonqoo tultullaa yoo dhageettane, gara
keenna birmadha'a*. Waaqi keenna nu'uuf hin
lola» jedheen.
21 Maarre guyyuma guyya'aan, dayya'a
boru'uutii haga halkan urjiin bayutti namoota
keenna keessaa gamisi dalleya ijaaraa, gamisi
eboo qabatanee eegaaraniiyyu.
22 Anille yennaa san kolba'aan, «Halkan eegaa,
guyyaa akka nuuf hujanu namooti martinuu ta-
jaajiltoota ifii woliin qachaa Yerusaalemii keessa
bulanuu ti» jedheen.
23 Maarre anille yookiin worri kiyyalle yookiin
tajaajiltooti tiyyalle yookiin namooti eeddoo na
gula deemanulle nami tokkolle woyaa teenna ifi
irraa hin baafanne. Yennaa bisaan dhaquuyyuu
nami tokkolle meya ifii ka woraanaa harka mid-
dicha irraa lafa hin keenne.

# 5

## *Nahimiyaan Hiyyeeyyii Qarqaare*

1 Yennaa takka dhiiraa fi dubartiin Yihudootaa
hedduun, Yihudoota sooreyyii ifii mormanee iyy-
atiisa jalqabane.
2 Isaan keessaa gariin, «Nuuti maatii hedduu
qanna; akka nyaannee jiru'uun leenuuf, midhaan
dhaggachuu nu barbaachisa» jedhane.

---

* **4:20** *Birmadha'a:* Yookiin *nutti reeba'a yookiin gara keenna dacha'a'a*jechu'u.

3 Worri dhibiin, «Bara beelaa midhaan dhaggati-
isaaf, fichaa keenna, addee woynii teennaa, mana
keennalle qassiinneerra» jedhane.
4 Worri dhibiille, «Fichaa keennaa fi addee
woynii teennaatiif, gibira mootumma'aa kaffali-
isaaf beesee liqeeffanneerra.
5 Nuuti akkuma Yihudoota kaanii Yihudoota;
ijoolleen teennalle akkuma ijoollee isaanii ti;
te'uu malee nuuti ijoollee teenna akka garboota
te'anu gooneerra; ammumaayyuu ijoolleen
teenna ta durraa gariin garboomaneeran; fichaa
keennaa fi addeen woyni'ii teenna waan nu
irraa fudhatamaneef, nuuti hunna dhanneerra»
jedhane.
6 Ani yennaa iyyata isaanii kana dhage'e gud-
doo aare.
7 Guddisee itti yaadeen duuba, worra
gugurda'aa fi qondaaltotaan, «Isin attam kolbaa
teessan irraa dhala liqa'aa fudhattan!» jedhee
aaladhe; isaan woliin dubbii tana ilaaliisaaf
gumii guddoo waamee,
8 «Nuuti haga dandeennetti, worra keenna Yihu-
doota ka gosa dhibi'itti gurguramane wodiisatti
jirra; amma ammoo isin worrummaan keessan
garba te'anee akka isinitti gurguramanu hunnaan
godhiisatti jirtan!» isaaniin jedhe. Isaan waan
jedhanu dhabanee cadhisane.
9 Maarre ani, «Wonni isin hujiisatti jirtanu
dansa'aa moti; akka worri diina keennaa nu hin
qaanessine, isin Waaqa sodaatiisaan ideemiisa
maltane.
10 Anii fi worri kiyya, tajaajiltooti tiyyalle
beese'ee fi midhaan kolba'aaf liqeessineerra.

Dhala liqa'aa fudhatiis hafuu ti.
11 Fichaa isaanii, addee woynii isaanii, oorruu
muka ejersaa isaanii, mana isaaniille deebisa'aaf;
akkasuma dhala beese'ee, dhala midhaanii, dhala
woyni'iitii fi zayiti'ii ammuma lakkisa'aaf» jed-
heen.
12 Achiin duuba worri gugurda'aa fi qondaal-
toti, «Nuuti waan mara hin deebinna; waan
tokkolle deebinee isaan irraa hin barbaannu;
akkuma ati jette hin goona» jedhane.

Ani hayyoota waamee, sooreyyiin akkuma waadaa galane akka godhanu, akka kakachiisanu godhe.
13 Achiin duuba ani hiituu hidhaa hiikadhee,
hargufee, «Maarre nama waan waadaa gale kana
hin goone, manaa fi karra isaa irraa Waaqi isa
hargufuu ti! Hargufamee duwwaa hafuu ti!»
jedhe. Gumiin martinuu, «Ameen» jettee Mootii
Waan Maraa galateeffatte. Worri gugurda'aa fi
qondaaltoti akkuma jedhane godhane.

### *Arjummaa Nahimiya'aa*

14 Artashaastaan woggaa diddameessoo isaatitti mootii te'ee, haga woggaa soddomii lammeessoo isaatitti, ani biyya Yihuda'aa bulchiisaaf filamee woggaa kudha lama bulche keessatti, anii fi worri kiyya sagalee bulchaa tokkoof malte hin nyaanne.
15 Bulchitooti anaan dura biyya bulchaa tu-
rane, ba'aa ulfaattuu kolba'atti fe'anee, sagale'ee
fi daadhii woyni'ii irratti dabalanee, meetii shee-
qelii afurtama fudhataa turane. Tajaajiltooti
isaaniituu kolbaa irratti goottomanee turane. Ani

ammoo Waaqa waan sodaadhuuf, akkas hin goone.
16 Ani hujii dalleya kanaatiif ifi kenne malee,
lafalle hin bitanne; tajaajiltooti tiyya ta huji'iif
wolitti qabantelle akkasuma tolchite.
17 Gosa biyya adda addaa worra adaala keennaa
gara keenna dhufane irratti dabalamanee, Yihudootaa fi qondaaltoti namoota dhibbaa fi shantamatti qorii tiyyatti nyaataa ture.
18 Guyyuma guyya'atti sangaa tokkoo fi
hoolota cocooma jaa, lukkuu hedduu, guyyaa kudhan kudhanitti daadhii woyni'ii ta gosa adda addaatitti* qophowaayyu. Te'uu malee, ba'aan ulfaattuun kolbaa irra waan jirtuuf, sagalee bulchaa tokkoof malte ani hin gaafanne.
19 Ee Waaqa kiyya, waan ani kolbaa tanaaf
godhe mara qaabadhuutii, naaf arjoom.

# 6

## *Nahimiya'atti Mala Dhowane*

1 Karra dalleyaatitti cufanaa godhuu dhabulle,
addeen duwwaan adoo hin hafin dalleya deebisee akka ani ijaare Sanbalaax, Xobiiya'aa fi Geshemiin Arabichi, diinoti keenna worri kuunille yennaa dhage'ane,
2 Sanbalaaxii fi Geshem nama natti erganee,
«Koyiitii olloota diida Onoo jedhamutti dhaggamu keessaa tokkochatti wol dhagginaa» jedhane. Isaan ammoo na miidhiisaaf yaadatane.

---

* **5:18** *Daadhii woyni'ii ta gosa adda addaa:* jechuun tun daadhii woyni'ii o'ituu yookiin ta turte daadhii godduu akka qopheessane ilaalaa.

3 Maarre anille ergantoota isaanitti ergee, «Ani
hujii guddoo waan hujiisatti jiruuf, gad dhufuu
hin dande'u; haga ani dhiisee gara keessan gad
dhufutti, hujiin maaf dhaabbatti ree?» jedheen.

4 Isaan yennaa afur erguma tana natti ergane;
anille deebuma tana isaaniif deebise.

5 Sanbalaax tajaajiltoota ifii keessaa tokkotti
xalayaa banaa chaappaa hin qanne kennee, er-
guma durii san itti himee, yennaa shaneesso'oo
gara kiyya erge.
6 Wonni xalayaa san keessatti barreeffameeru,
«Atii fi Yihudooti mootummaa irratti ka'iisaaf
yaaddanee dalleya deebittanee ijaariisatti akka
jirtanu, gosa kolbaa adaala kana jirtu oddu'utti
odeeffameera; dubbiin tun dhugaa te'uu isi'ii
Geshem natti himeera; akka odeeffama kanaatitti
ati mootii isaanii te'iisaaf halchita.
7 Ati mootii Yihudootaa akka teete Yerusaalem
keessatti raagota si'iif lassanu kaafatteerta;
maarre dubbiin tun mooticha bira waan geettuuf,
anii fi ati woliin mari'annaa koy!» jedha.

8 Ani ammoo, «Dubbiin tun waan ati ifi keessaa
fuutee dubbatte; wonni ati jettu tokkolle dhuga'aa
moti» jedhee isaaf deebise.

9 Isaan, nu'uun, «Harki isaanii irraa bu'ee hujii
dadhaban; hujiille adoo hin fixamin hafu'uu jirti»
jedhanee yaadaa, marti isaanii nu sodaachisuu
barbaadane; ani ammoo, «Ee, Waaqa hunna na
jabeessi!» jedhee daadimadhe.

10 Gaafa tokko ani gara mana Shemaa'iyaa ilma
Dalaa'iyaa akaakoo Mahexaabelii ka manni itti
cufameeruu dhaqe; innille, «Namooti halkaniin si

ijjeesiisaaf waan dhufaaranuuf, anii fi ati dhandhee Galma Waaqaa keessatti, balbala cufannee dhokannuu ti» naan jedhe.

11 Ani ammoo, «Ani nama baqatee dhokatuu? Yookiin nami akka kiyyaa jiruu ifii fayyifatiisaaf Galma Waaqaa keessatti hin dhokataa? Ani Galma Waaqaa keessatti hin dhokadhu!» jedhe.

12 Sanbalaaxii fi Xobiiya'atti, namichi kun akka na irratti raaga dubbattuuf beese'een bitane malee, Waaqi akka isa hin ergin hubadhe.

13 Ani sodaadhee waan kana godhiisaan cubbuu akka hujuuf, maqaa badaa ittiin na fokkisiisanu akka ani qabaadhuuf inni natti bitame.

14 Anille, «Ee, Waaqa kiyya, Xobiiya'aa fi Sanbalaax fa'a akkasuma No'aadiiyaa raagittii, raagota worra dhibii ka na sodaachisane akka hujii isaaniititti ilaali!» jedhee daadimadhe.

## *Ijaarsi Dalleyaa Fixame*

15 Ijaarsi dalleyaa guyyaa shantamii lama keessatti ji'a Elul jedhamu keessa gaafa guyyaa diddamii shanii fixame.

16 Diinoti keenna gosi adda addaa ta adaala keennaa marti waan kana yennaa dhage'ane, hujiin tun qarqaarsa Waaqaatiin akka hujante hubatanee, qaanowanee sodaatane.

17 Yennaa san qondaallan biyya Yihuda'aa xalayaa hedduu gara Xobiiya'aa erganee, Xobiiyaalle deebii isaanii deebise.

18 Sababille Xobiiyaan intala Shekaaniyaa ilma Araa waan fuudheeruuf, akkasuma ilmi isaa Yehohaanaan intala Meshulaamii ilma

Berekiiyaa waan fuudheeruuf, Yihudoota keessaa namooti hedduun isaaf kakataneeran.
19 Itti dabalaneelle hujii isaa dansaa natti himaa, waan ani dubbadhulle isatti himaa turane; Xobiiyaalle na sodaachisiisaaf xalayaa natti ergaa ture.

# 7

1 Dalleenni deebi'ee ijaaramee, cufanaan itti keyameen duuba, worra karra eeguuf, worra faarfatuu fi worra Lewwootaatiif hujiin isaanii kennanteef.
2 Anille qachaa Yerusaalemii akka bulchanuuf, namoota lama file; isaanille obboleessa kiyya Haanaanii fi Hanaaniya'a; Hanaaniyaan nama itti gaafatamaa kushe'ee*, nama addatama'aa fi nama namoota hedduu caalaa Waaqa sodaatu.
3 Anille, «Barii haga aduun o'itutti karri Yerusaalemii akka hin bananne, galgala worri karra eegu adoo hin galin dura karra cufee akka danqaru, akkasuma Worra Yerusaalem keessa le'u keessaa eeddota filanee, gariin addee eegamuu malte akka eeganu, gariin adaaluma mana ifii akka eeganu fila'a» jedhee isaan ajaje.

### *Laakkossa Worra Booji'amee Deebi'ee (Izr. 2:1-70)*

4 Qachaan Yerusaalemii badhaa gudda'a; kolbaan qachaa san keessa leetu ammoo diqqo'o; manni hedduulle itti ijaaramee hin jiru.
5 Waaqi akka ani qondaaltotaa fi bulchitoota, kolbaalle wolitti qabee akka hidda dhaloota

* **7:2** *Itti gaafatamaa kushe'ee:* Itti gaafatamummaan isaa tun ta eegiisa dalleya mana mootumma'aa ti.

isaaniititti galmeessu na kakkaase; ani galmee hiddi dhaloota worra qara booji'amee deebi'ee irra jiru dhagge; ani barreeffama asiin gad jiru keessatti dhagge:

6 Worra Nebukadnezaar mootiin Baabilonii
booji'eeruun, gara Yerusaalemii fi Yihuda'aa deebi'anee, tokko tokkoon isaaniituu gara qachaa ifii galane,
7 sooreyyiin isaanii Zarubaabel, Iyaasuu,
Nahimiyaa, Azaariyaa, Raa'amiiyaa, Nahamaani, Mordekaayi, Biilshaan, Miispheret, Biigwaayi, Nehumii fi Ba'anaah.
8 Sanyiin Faaroshii kuma lamaa fi dhibba
tokkoo fi torbaatamii lama;
9 sanyiin Shefaaxiya'aa dhibba sadii fi tor-
baatamii lama;
10 sanyiin Ara'aa dhibba jaa fi shantamii lama;
11 sanyiin Iyaasu'uutii fi sanyii Yo'aabii ka te'e,
sanyiin Fahat-Mo'aabii kuma lamaa fi dhibba sad-
deetii fi kudhanii saddeeti;
12 sanyiin Elaamii kuma tokkoo fi dhibba lamaa
fi shantamii afur;
13 sanyiin Zaatu'uu dhibba saddeetii fi afurtamii
shan;
14 sanyiin Zakaayii dhibba torbaa fi jaatama;
15 sanyiin Binu'uu dhibba jaa fi afurtamii sad-
deeti;
16 sanyiin Bebaayii dhibba jaa fi diddamii sad-
deeti;
17 sanyiin Azigaadii kuma lamaa fi dhibba sadii
fi diddamii lama;
18 sanyiin Adoniiqaamii dhibba jaa fi jaatamii
torba;

19 sanyiin Biigwaayii kuma lamaa fi jaatamii
torba;
20 sanyiin Aadiinii dhibba jaa fi shantamii shan;
21 gosi Ateerii, sanyiin Hisqiyaasii sagaltamii
saddeeti;
22 sanyiin Hashumii dhibba sadii fi diddamii
saddeeti;
23 sanyiin Bezaayii dhibba sadii fi diddamii
afur;
24 sanyiin Haarifii dhibba tokkoo fi kudhanii
lama;
25 sanyiin Giibe'onii sagaltamii shan.

26 Kolbaan Betlihemiitii fi Netofa'aa dhibba
tokkoo fi saddeettamii saddeeti;
27 kolbaan Anaatotii dhibba tokkoo fi diddamii
saddeeti;
28 kolbaan Beti-Azimaawetii afurtamii lama;
29 kolbaan Kiriiyat-Ya'ariimii, kolbaan
Kefiira'aatii fi Berootii dhibba torbaa fi afurtamii
sad;
30 kolbaan Raama'aatii fi Geba'aa dhibba jaa fi
diddamii tokko;
31 kolbaan Miikmaashii dhibba tokkoo fi did-
damii lama;
32 kolbaan Bet'elii fi Aayii dhibba tokkoo fi did-
damii sad;
33 kolbaan Neboo dhibi'ii† shantamii lama;
34 sanyiin Elaamii dhibi'ii kuma tokkoo fi
dhibba lamaa fi shantamii afur;
35 sanyiin Haariimii dhibba sadii fi diddama;
36 sanyiin Yeriko'oo dhibba sadii fi afurtamii
shan;

---

† **7:33** *Dhibi'ii:* Yookiin lammeesso'oo.

37 sanyiin Lodii, sanyiin Haadiiditii fi sanyiin
Onoo dhibba torbaa fi diddamii tokko;
38 sanyiin Senaa kuma sadii fi dhibba sagalii fi
soddoma;
39 Hayyooti: Sanyii Yedaa'iya'aa keessaa sanyiin
Iyaasu'uu dhibba sagalii fi torbaatamii sad;
40 sanyiin Iimerii kuma tokkoo fi shantamii
lama;
41 sanyiin Faashihurii kuma tokkoo fi dhibba
lamaa fi afurtamii torba;
42 sanyiin Haariimii kuma tokkoo fi kudhanii
torba.
43 Lewwooti: sanyiin Iyaasu'uu, maatiin Qad-
mii'eliitii fi Hodaawiya'aa torbaatamii afur;
44 faarfattoota keessaa: sanyiin Asaafii, dhibbaa
fi afurtamii saddeeti;
45 Worra karra eegu keessaa: sanyiin Shaalu-
mii, sanyiin Ateerii, sanyiin Xalmoonii, sanyiin
Aquubii, sanyiin Haxiixa'aatii fi Shobaayii dhibba
tokkoo fi soddomii saddeeti.
46 Worri tajaajiltoota Galma Waaqaa: sanyii
Ziihaa, sanyii Hasufa'aa, sanyii Xabaa'otii,
47 sanyii Qerosii, sanyii Sii'aa, sanyii Faadonii,
48 sanyii Lebaana'aa, sanyii Hagaaba'aa, sanyii
Shalmaayii,
49 sanyii Haanaanii, sanyii Giidelii, sanyii Ga-
haarii,
50 sanyii Re'aaya'aa, sanyii Resiinii, sanyii
Neqoda'aa
51 sanyii Gaazaamii, sanyii Uza'aa, sanyii
Faaseha'aa,
52 sanyii Besaayii, sanyii Me'uniimii, sanyii Ne-
fushesiimii,

53 sanyii Baqbuqii, sanyii Haqufa'aa, sanyii
Harhurii,
54 sanyii Baazliitii, sanyii Mehiida'aa, sanyii
Haarsha'aa,
55 sanyii Baarqosii, sanyii Siisera'aa, sanyii
Tama'aa,
56 sanyii Nesiiya'aatii fi sanyii Haxiifa'aa ti.

57 Sanyii tajaajiltoota Solomoonii keessaa:
sanyii Soxaayii, sanyii Soferetii, sanyii Firiida'aa,
58 sanyii Ya'ala'aa, sanyii Daarqonii, sanyii Gi-
idelii,
59 sanyii Shefaaxiya'aa, sanyii Haxiilii, sanyii
Fokeret-Hasbaayimiitii fi sanyii Amoonii ti.

60 Sanyiin tajaajiltoota Galma Waaqaa mar-
tii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoonii wolumatti
dhibba sadii fi sagaltamii lama.

61 Worri qachaa Tel-Melaatii irraa, qachaa Tel-
haareshaatii irraa, qachaa Keruubii irraa, qachaa
Adoniitii fi qachaa Iimerii irraa deebi'anee dh-
ufane ammoo sanyii isaanii yookiin abuubota
isaanii Israa'el akka te'ane mirkaneessiisa hin
dandeenne.
62 Isaanille sanyii Delaaya'aa, sanyii
Xobiiya'aatii fi sanyii Neqoda'aa ti; laakkossi
isaanii dhibba jaa fi afurtamii lama.

63 Ammalle, hayyoota keessaa: sanyiin
Habaaya'aa, sanyiin Haqoziitii fi Baarzilaayii ka
intala Baarzilaayii Giilaadichaa fuudhee maqaa
kanaan waamamane;
64 worra akka hidda dhaloota isaaniititti
barreeffame keessaa maqaan sanyii isaanii
waan dhabameef, isaan akka qulqullummaa hin

qannetti laakkowamanee, hujii hayyumma'aa keessaa baasane;
65 Bulchaan Yihudootaa, «Haga hayyuun Uriimii fi Tumiimiin‡ tajaajilu dhaggamutti sagalee woyyittii§ hin nyaatina'a» jedhee isaanitti hime.
66 Laakkossi worra booji'amee deebi'ee wolumatti kuma afurtamii lamaa fi dhibba sadii fi jaatama.
67 Kana biratti laakkossi tajaajiltoota isaanii dhiiraa fi dubartiin kuma torbaa fi dhibba sadii fi soddomii torba; isaan faarfattootalle dhiiraa fi dubartii dhibba lamaa fi afurtamii shan qaban.
68 Fardooleen isaanii dhibba torbaa fi soddomii jaa; gaangoleen isaanii dhibba lamaa fi afurtamii shan;
69 Gaalota dhibba afurii fi soddomii shanii fi harreelee kuma jaa fi dhibba torbaa fi diddama qaban.
70 Dura aantoti firaa gariin hujii tanaaf kennansa kennane. Bulchaan biyyaa worqii gara kiiloo saddeetii, qorii boboollittii shantama, woyaa hayyootaa dhibba shanii fi soddoma kenne.
71 Dura aantoti firaa gariin worqii gara kiiloo dhibbaa fi jaatamii saddeetiitii fi meetii gara kiiloo kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamaa Galma Waaqaa deebisanee ijaariisaaf kennane.
72 Kolbaan worri hafane wolumatti worqii gara kiiloo dhibbaa fi jaatamii saddeetii, meetii gara kiiloo kuma tokkoo fi dhibba tokkootii fi woyaa hayyootaa jaatamii torba kennane.

‡ **7:65** *Uriimii fi Tumiim:* Waan hayyichi fedhii Waaqaa murteessiisaaf itti fayyadamu. § **7:65** *Sagalee woyyittii:* Ta Waaqaaf kennante jechu'u.

73 Maarre Hayyooti, worri Lewwootaa, eeddoti karraa, faarfattooti, kolbaan worri kuunille, tajaajiltooti Galma Waaqaa, Israa'elooti martinuu qachaa ifii keessa qubatane.

# 8

## *Izraan Seera Waaqaa Kolba'aaf Dubbise*

1 Kolbaan Israa'elii martinuu ji'a torbeesso'oo
qachoota ifiititti qubatte; ji'a san guyyaa qaraa
kolbaan duudiin Yerusaalemitti karra «Karra
bisaanii» jedhamu fuula duratti gara keessaatitti
tokkumma'aan wolitti qabante; isaanille Izraa
barreessaa kitaabaa, «Kitaaba Seera Muuse'ee ka
Waaqi kolbaa Israa'eliitiif kenne fidi!» jedhanee
gaafatane.
2 Ji'a torbeesso'oo, guyyaa qaraa Izraan
hayyichi nami hubatuu dande'u duudiin: dhiirti,
dubartiin, diqqa'aa fi guddaan addee wolitti
qabamaneeranutti Kitaaba Seeraa fide.
3 Inni gara gumii karra bisaanii fuula dura
jirtuu garagalee, dhiiraa fi dubartii, akkasuma
worra wo hubatuu dande'u duratti ganamaa haga
orra'aa, qoonqoo guddo'oon dubbise; kolbaan duudiin Kitaaba Seeraa san akka dansaa dhageette.
4 Izraan barreessaan kitaabaa waan irra
dhaabbatanee dubbatanu ta mukaa, guyyaa
haajaa akkasii kanaaf irra dhaabbatiisaaf
hujante irra dhaabbate; gara harka isaa
middaatiin Matiitiyaan, Shemaan, Anaayaan,
Uriiyaan, Hilqiiyaanii fi Ma'aseyaan, gara harka
isaa bita'aatille'een Phedaayaan, Miishaa'el,
Malkiiyaan, Hashum, Haashabadaanaan,

Zakaariyaasii fi Meshulaam isa cinaa
dhaabbataneeran.
5 Izraan addee ol kaate irra waan dhaabba-
teeruuf, kolbaan duudiin gara isaa ilaaliisatti jir-
tiiyyu; akkuma inni Kitaaba san baneen, isaan
martinuu ka'anee dhaabbatane.
6 Izraalle Mootii Waan Maraa Waaqa guddicha
leellise; kolbaan duudiin harka ifii ol qabattee
«Ameen, ameen!» jette; achiin duuba adda ifi-
ille'een lafatti gad jiddee Mootii Waan Maraatiif
sagadde.
7 Achiin duuba isaan martinuu ka'anee,
adduma jiranutti dhaabbatane; worri
Lewwootaalle, Iyaasuun, Baaniin, Sherebiiyaan,
Yaamiin, Aquub, Shaabetaay, Hodiiyaan,
Ma'aseyaan, Qeliixaan, Azaariyaan, Yozaabaad,
Haannaanii fi Phelaayaan Kitaaba Seeraa san
kolbaa hubachiisane.
8 Isaanille Kitaaba Seera Waaqaa san kolba'aaf
dubbisanee, akka wonni dubbifamu kolba'aaf
galu hiikanee issane.
9 Kolbaan duudiin waan Seerri jedhu yennaa
dhageette waan bootteef, Nahimiyaan bulchaan
biyyaa, Izraan hayyichi barsiisaan kitaaba seer-
aatii fi Lewwooti worri seera hiikanee kolbaa
barsiisane, «Guyyaan kun Mootii Waan Maraa
Waaqa keessaniif woyyicha waan te'eef, isin hin
gaddina'a, hin bowna'a!» jedhanee isaan du-
udi'itti himane.
10 Nahimiyaan, «Dhaqa'aatii sagalee filante
nyaadha'a; untoo mi'oottuulle una'a! Worra hin
qannelle'eef irraa qooda'a! Guyyaan kun guyyaa
Mootii Waan Maraa keennaaf woyyoomeeru;
gammadi Mootii Waan Maraa isiniif kennu

jabeenna keessan waan te'eef, hin gaddina'a!»
jedhe.
11 Worri Lewwootaalle kolbaa duudi'iin,
«Guyyaan kun woyyicha waan te'eef, cadhisa'a;
hin gaddina'a!» jedhanee cadhisiisane.
12 Kolbaan duudiin jechoota isaaniif dubbifame
waan hubataneef, nyaatiisaa fi uniisaaf, waan
qabanu irralle'ee worra dhibi'iif qoodiisaaf, gam-
madiisaafille gara mana mana ifii galane.

## *Jila Gose'ee Jilifatane*

13 Guyyaa lammeesso'oo worri sooreyyii firaa
duudiin hayyootaa fi Lewwoota woliin jechoota
Seera sanii baratiisaaf, Izraa barsiisaa Seera Ki-
taabaa biratti wolitti qabamane.
14 Isaanille ajaja Mootiin Waan Maraa karaa
Muuse'eetiin kenne keessatti, «Ji'a torbeesso'oo
keessa yennaa jila gose'ee jilifatanu, kolbaan Is-
raa'elii gosee keessa teetuu ti!» jedhu, Seera
keessatti bareeffameeruun dhaggane.
15 Maarre isaan, «Akkuma barreeffametti gosee
ijaariisaaf gaaratti ol baya'aatii, dameelee ejersa
zayiti'iitii fi ejersa badda'aa, dameelee muka
dakkaraa, meexxi'ii fi dameelee muka baala-
qabeeyyi'ii fida'a!» jedhanee, qachoota isaanii
duudi'ii fi Yerusaalem keessatti lassane.
16 Tanaaf kolbaan baatee dameelee mukaa fid-
dee, tokko tokkoon isaanii heellichoo mana ifii
irratti*, dalleya mana ifiitii fi dalleya Galma

---

* **8:16** *Heellichoo mana ifii irratti:* Heellichoon mana Israa'elootaa diriirtuu waan teeteef, isii irratti midhaan afachuu, gosee dhibii irratti ijaaranee keessatti waaqonfatuu yookiin yennaa bonaa keessa rafuu dande'an.

Waaqaa keessatti, badhinna karra bisaanii jedhamutti, badhinna karra Efreemii duralle'etti gosee ijaarane.
17 Namooti biyya itti booji'amanee deebi'ane
duudiin gosee ijaarratanee keessa tee'ane; eegii bara Iyaasuu ilma Nuniitii haga guyyaa saniititti kolbaan Israa'elii akkas gammaddee hin beettu; gammadi itti dhage'amelle akka malee gudda'a.
18 Izraan guyyaa duraatii jalqabee haga guyyaa
muummeffata jilaatitti, guyyuma guyyya'aan Kitaaba Seera Waaqaa keessaa dubbise; isaan jila san haga guyyaa torbaa jilifatane; akkuma Seerri ajajutti guyyaa saddeetesso'oo aadaan muummeffata jilaa godhame.

# 9

*Israa'elooti Cubbuu Ifii Faaci'atane*

1 Ji'uma san gaafa guyyaa diddamii arfeesso'oo
Israa'elooti marroo cubbu'uutiif akka gaddane mudhisiisaaf woyaa gaddaa uffatanee, bukuu mataa ifii irratti firfifatanee, laamiisaaf wolitti qabamane.
2 Worri sanyii Israa'elii te'ane martinuu worra
ormaa irraa gargar bayanee dhaabbatanee, cubbuu ifii hujanee fi abbootiin isaanii hujje duudii dhugaa-baasane.
3 Adduma dhaabbatanetti saatii sadiif kitaaba
Seera Mootii Waan Maraa ka Waaqa isaanii, isaaniif dubbifame; akkasuma saatii sadiif cubbuu ifii dhugaa-baasaa Mootii Waan Maraa Waaqa ifiitiif sagadane.

4 Iyaasuun, Baani, Qadmii'el, Shebaniyaan,
Buni, Sherebiiyaan, Baanii fi Kenaan fa'a, yaab-
bannoo worri Lewwootaa irra bayanu irra dhaab-
batanee, qoonqoo guddo'oon gara Mootii Waan
Maraa Waaqa ifii daadimatane.
5 Lewwooti worri Iyaasuu, Qadmii'el,
Baani, Hashabniiyaa, Sherebiiyaa, Hodiiyaa,
Shebaniyaa fi Fitaahiyaa jedhamanu,

«Ka'a'aatii Mootii Waan Maraa
Waaqa keessan ka bara baraa
leellifadha'a!
‹Maqaan keeti ulfaataan,
ka galataa fi eebba duudii irra ol aanu
leellifamuu ti!› jedha'a!» jedhane.

## *Daadimata Faaci'atiisaa*

6 Achiin duuba kolbaan Israa'elii,

«Ee Mootii Waan Maraa!
Mootiin Waan Maraa si qofa.
Ol-gubbaa,
ol-gubbaa ol-gubbootaalle
dada isaan keessaa* woliin,
lafaa fi waan isii irra jiru duudii,
abbaaya'aa fi
waan isii keessa jiru duudii sittuu dade.
Ati isaan duudi'iifuu jiruu kennite;
dadi ol-gubba'aa† si'iif sagaddi.

7 «Ati Mootii Waan Maraa Waaqa Abraam filattee,
biyya Kaldootaa Ur keessaa baattee,
maqaa isaa ‹Abrahaam› jettee moggaatte.

---

* **9:6** *Dada isaan keessaa:* Urjoota bannacha isaan keessaa ti.
† **9:6** *Dadi ol-gubba'aa:* Urjooti bannachi ol-gubba'aa jechuu isaanii ti.

8 Akkasuma inni si'iif addatamaa akka te'e dhaggitee,
biyya kana'aanotaa,
biyya Heetotaa,
biyya Amoorotaa,
biyya Pheriizotaa,
biyya Yibusootaatii fi Girgaashotaa
isaa fi sanyii isaatiif kenniisaaf waadaa galte.
Ati qajeelaa waan teeteef,
waadaa galte isaaf muummessite.

9 «Biyya Gibxi'iititti
rakkinna abbootii teenna dhaqqabe dhaggitee,
abbaayaa diintuu birattille iyya isaanii dhageettee,
10 mootiin Gibxi'ii,
qondaaltoti isaatii fi kolbaan lafa isaa irra leetu
attam akka kolbaa teeti hucuucane waan beetteef,
baasaa fi bilbaasa hujjee itti mudhitte.
Tana waan gooteef,
gurri keeti haga adhaa ol ka'eera.
11 Abbaayaa fuula isaanii duratti gargar qooddee,
lafa godduu irra akka dabaranu goote.
Akka dhakaa abbaayaa qile'etti qolaanfamuu,
worra isaan ari'aa turelle qile'etti qolaansite.
12 Kolbaa teeti ammoo,
guyyaa utubaa duumensaatiin,
halkanille karaa isaan irra deemanu akka isaaniif issuuf,
utubaa ibiddaatiin sooressite.

13 «Ati ol-gubbaa irraa gara gaara Siina'aa gad buutee,
isaanitti dubbattee,
seera qajeela'aa fi muraa dhuga'aa,
sirnaa fi ajaja dansaa isaaniif kennite.
14 Sanbata keeti woyyichalle akka beekanu gootee,
karaa garbicha keeti Muuse'eetiin,
ajaja, sirnaa fi seera keeti isaaniif kennite.
15 Yennaa beelayanelle ol-gubbaa irraa sagalee isaaniif kennitee,
yennaa dheebotanelle rassaa keessaa bisaan isaaniif burqisiitte.
Biyya isaanii kenniisaaf waadaa galtetti
akka galanuuf isaan ajajje.

16 «Abbootiin teenna ammoo koortee, mataa jabaattee,
ajaja keetiif ajajamuu didde.
17 Isaan ammoo ajajamuu didanee,
bilbaasa ati isaan oddu'utti hujjelle dedhane.
Mataa jabaatanee gara garbummaa ifii
Gibxi'iititti deebi'iisaaf nama isaan sooressu filatane.
Ati ammoo Waaqa jaalala bara baraatiin guutanteertu,
ka mufi'iif hin ariifanne,
ka araarantu, arja'aa fi mararaa waan teeteef
isaan hin lakkinne.
18 Isaan fakkii jabbi'ii ifiif hujanee,
‹Mootiin Waan Maraa
ka biyya Gibxi'ii keessaa nu baase kana› jedhanee,
isaan guddoo si faanshessane.

19 «Marartiin teeti guddoo waan teeteef,
ati ammoo goomolee keessatti
isaan hin lakkinne.
Utubaan duumensaa guyyaa,
utubaan ibiddaa ammoo
halkan isaan sooresse.
20 Akka isaan barsiisuuf,
Ayyaana keeti isaanii kennite.
Mannaa isaan nyaatanuu fi
bisaan unanu isaanii kennite.
21 Ati lafa goomole'ee keessatti
woggaa afurtama isaan qarqaarte.
Isaan womaa hin dhanne,
woyaan isaanii hin dulloonne,
miilli isaaniille hin iitonne.

22 «Ati mootummootaa fi
gosa biyya adda addaa Israa'eliif kennitee,
isaanille biyya sihoonii mootii Heshibooniitii fi
Oogii mootii Baashaanii qabatane.
23 Ati ijoollee isaanii
akka urjoota ol-gubba'aa baceessitee,
gara biyyaa abbootiin isaanii itti galanee
akka qubatanu waadaa galteetitti isaan galchite.
24 Ijoolleen isaaniille lafa Kana'aanii injifatanee qabatane;
ati kolbaa achi keessa leetu
mootota isaaniitii fi worra biyya sanii woliin
akka fedhane akka isaan godhanuuf,
harka isaanii keessa galchite.
25 Isaan qachoota gugurdaa
ka dalleya dhaka'aa qabuu fi lafa laattuu,

mana meya dadansa'aan guutamane,
boolla bisaanii ta qotanteertu,
addee woyni'iitii fi muka ejersaa,
akkasuma mukoota midhaanii hedduu qabatane.
Maarre isaan nyaatanee quufanee gabbatanee,
waan dadansaa guddoo ati isaanii kennitetti gammadane.

26 «Duubarra ammoo ajajama didanee,
si finqilanee, Seera keeti irra duubatti deebi'ane.
Raagota teeti worra akka isaan gara keeti deebi'anu isaan xixe ijjeesanee,
kana godhiisaan guddoo si faanshessane.
27 Tanaaf harka diinota isaanii,
worra isaan rakkisetti dabarsitee isaan kennitee,
isaan yennaa rakkatane sitti iyyane;
ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhageettee,
marartii teeti guddo'oon,
harka diinota isaanii keessaa worra isaan baasu
sooreyyii isaaniif kennite.

28 «Isaan foora dhaggataneen duuba ammoo,
deebi'anee si duratti hantuu hujanee,
atille harka diinota ol aantumma'aan bulchutti
isaan lakkitte.
Te'uu malee yennaa isaan deebi'anee sitti iyyane,
ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhageettee,
marartii teeti guddo'oon,
yennaa hedduu isaan baache.

29 «Gara Seera keetii akka deebi'anuuf,
ati isaan gorsiteerta.
Isaan kooranee seera keeti didane;
waan si duratti sirrii te'e
ka nami eegatee ittiin le'u irratti ka'anee
cubbuu hujane.
Mataa jabaatanee dudda sitti galanee
morma jabeeffatanee,
dhage'iisa didane.
30 Ati bara hedduu isaaniif ossattee,
karaa raagota teetiitiin
Ayyaana keetiitiin isaan gorsite;
te'uu malee isaan si hin dhageenne.
Tanaaf ati kolbaa ollaa isaaniititti
dabarsitee isaan kennite.
31 Ammalle ati
Waaqa marartii guddoo qabu waan teeteef,
isaan hin ganne yookiin
hin balleessine.
Ati Waaqa marara'a;
arjaalle'e.

32 «Tanaaf amma, Waaqa keenna,
ati gudda'a!
Ati attam hunnaamessaa fi sodaatama'a!
Ati Gondooro'oo fi jaalala keeti
ka bara baraa ka eeddu!
Rakkinna bara mootota Asooriitii jalqabee
haga adhaalle nu irra, mootota teenna irra,
qondaaltota teenna irra,
hayyoota teenna irra,
raagota teenna irra,
abbootii teennaa fi
kolbaa teeti mara irra geye qaabadhu!

33 Waan nu irra geye maraaf
ati dhugaa qadda;
nuuti yakkaameyyii teenulle,
ati addatama'a.
34 Moototi teenna,
qondaaltoti teenna,
hayyooti teennaa fi
abbootiin teenna
Seera keeti hin eeganne.
Yookiin ajaja keetii fi
gorsa keeti hin qalbeeffanne.
35 Isaan mootummaa ifii keessatti,
lafa badho'oo fi laattuu
ati isaaniif kennite keessa,
yennaa turaneeyyuu siif hin tajaajille;
cubbuu ifii irraa hin deebine.

36 «Kunoo, nuuti adha
lafa abbootiin teenna midhaan isi'iitii fi
waan dansaa isiin baachu akka nyaatanuuf,
ati isaaniif kennite keessatti garboota teene.
37 Sababa cubbuu teennaatiif,
wonni hedduun latti kennitu,
mootota worra ati nu irratti mootonsiteef galti;
Isaan nu'uu fi horii keenna irratti
akka jaalatane godhan.
Nuuti rakkinna guddaa keessa jirra.

### *Kolbaan Wolii Galtee Mallatteessite*

38 «Sababa waan te'e san maraa, nuuti bar-
reeffamaan wolii galtee tokko goona; qondaal-
toti teenna, Lewwooti teennaa fi hayyooti teenna
chaappaa itti godhan» jedhane.

# 10

1 Worri wolii galtee mallatteesse kanatti aana-
nee jiran;
Nahimiyaa ilma Hakaaliya'aa ka biyya bulchu,
Xidiiqiiyaa,
2 Seraayaa, Azaariyaa, Ermiyaas,
3 Phashihur, Amaariyaa, Malkiiyaa,
4 Haxushi, Shebaniyaa, Maluuk,
5 Hariim, Meremoot, Obaadiyaa,
6 Daani'el, Ginetoon, Baaruk,
7 Meshulaam, Abiiyaa, Miyaamin,
8 Maaziyaa, Biilgaayii fi Shemaa'iya'a; isaan kun
worra hayyootaa ti.
9 Worra Lewwootaa keessaa ammoo, Iyaasuu
ilma Azaaniya'aa, ilmaan Henaadaadii
keessaa ammoo Biinuyi, Qadmii'elii fi,
10 firoottan isaanii, Shebaniyaa, Hodiiyaa,
Qaliixaa, Pheelaayaa, Haanaan,
11 Miikaa, Rehoob, Hashabiiyaa,
12 Zaakur, Sherebiiyaa, Shebaniyaa,
13 Hodiiyaa, Baanii fi Beniinu.
14 Sooreyyii kolba'aa keessaa ammoo, Phaarosh,
Phaahati-Mo'aab, Elaam, Zaatuu, Baanii,
15 Buni, Azigaad, Bebaayi,
16 Adoniyaa, Biigwaayi, Aadiin,
17 Ater, Hisqiyaa, Azur,
18 Hodiiyaa, Hashum, Bezaayi,
19 Hariif, Anaatoti, Nebaayi,
20 Maagphiyaashi, Meshulaan, Heziir,
21 Meshezaabi'el, Zaadoq, Yaaduwaa,
22 Phelaatiyaa, Haanaan, Anaayaa,
23 Hoshe'aa, Hanaaniyaa, Hashub,

24 Haloheshi, Philhaa, Shobeq,
25 Rehuum, Hashabnaa, Ma'aseyaa,
26 Ahiiyaa, Haanaan, Aanaan,
27 Maluuk, Haariimii fi Ba'ana'a.
28 Namoottaan worra hafane keessaa ammoo, Hayyooti, Lewwooti, worri karra eegu, faarfattooti, tajaajiltooti Galma Waaqaa, akkasuma worra Seera Waaqaatiif jedhanee kolbaa adaala san jirtu keessaa addaan ifi baasane maraa, dubartoota isaanii, ilmaan isaaniitii fi ijoollee durraa isaanii worra beekkumsaa fi hubantii qabu mara woliin,
29 firoottan isaanii, qondaaltota isaanii wolitti dabalamanee, seera Waaqaa ka harka Muusee garbicha Waaqaatiin kenname gula deemiisaaf, ajaja, seerata fi sirna Mootii Waan Maraa Goottaa keennaa maraayyuu eegiisaaf, yoo yakkane abaaramiisaaf kakatane.
30 Nuuti ijoollee durraa teenna namoota biyya sanii akka hin heerumsiinne, ijoollee durraa ta isaaniille ilmaan teenna akka hin fuusinne kakanne.
31 Namooti biyya sanii meya daldalaa yookiin midhaan gurguriisaaf, gaafa Sanbataa yoo fidane, gaafa Sanbataa yookiin guyyaa jilaa dhibiille, nuuti isaan irraa hin binnu. Woggaa torbeesso'ootitti fichaa bulchinee foorfachiinna; liqaa maralle hin lakkinna.
32 Nuuti tokko tokkoon keenna wogguma wogga'aan tajaajila mana Waaqa keennaatiif, sheeqelii* harka sad keessaa tokko baasuu ifitti murre.

---

* **10:32** *Sheeqelii:* Beesee meetii irraa hujanu.

33 Kunille daabboo Waaqaaf kennantuuf†,
kennaa midhaanii ka guyyaa guyya'aan
dhikaatuuf, kennansa ciinca'aa ka guyyaa
guyya'aa dhikaatuuf, guyyaa Sanbataatiif,
baatii ji'ootaatiif, guyyaa jila beekkamaneetiif,
kennansa woyyichaa fi kolbaa Israa'eliitiif araara
buusiisaaf ciincaa sababa cubbu'uutiif dhikaattu,
hujii mana Waaqa keennaa keessatti hujantu
maraaf ka te'u.
34 Nuuti hayyooti, Lewwooti, kolbaalle,
akka seera keessatti barreeffantetti, ciincaa
Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf dhikaatu
addee ciinca'aa irratti ciincessiisaaf, qoraan
barbaachisu, maatii dhikeessitu murteessiisaaf,
wogguma wogga'aan hixaa buufanna.
35 Nuuti wogguma wogga'aan midhaan gal-
fannuu fi midhaan mukaa mara keessaa mataa
mataa gara Galma Mootii Waan Maraa finna.
36 Ilma angafa tokko tokkoo keennaaf dhalate,
gara hayyoota Galma Waaqa keennaa keessa ta-
jaajilanuu geessinee, akkuma seera keessatti bar-
reeffante, achitti Waaqaaf adda baanna. Akka-
suma angafa loon keennaa, angafa hoolotaa fi
re'oota teennaalle Waaqaaf adda baanna.
37 Itti daballeelle bukoo midhaan keennaa ka
qaraa irraa, kennaa midhaan keennaa irraa,
midhaan mukaa mara irraa, daadhii woyni'ii
haareya irraa, zayitii ejersaa irralle'ee hayyootaaf
akka te'anu, Galma Waaqa keennaa keessatti
addee meen itti galfamutti geessina; qachoota
nuuti keessa hunyu marattuu kudhan keessaa

† **10:33** *Daabboo Waaqaaf kennantu:* Daabboon tun akka seera bara saniititti ta Waaqaaf xarapheessaarra keyanu.

tokko worri guuru Lewwoota waan te'eef, kudhan keessaa tokko midhaan keenna Lewwootaaf geessina.
[38] Yennaa Lewwooti kudhan keessaa tokko
kana fudhatanu, hayyichi sanyii Aaronii isaan biratti dhaggama; worri Lewwootaa ammoo kudhan keessaa tokko ka guurane san keessaa, kudhan keessaa tokko gara Galma Waaqa keennaa fidanee addee meen itti galfamutti galchan.
[39] Lewwootii fi kolbaan Israa'elii kennaa mid-
haan adda addaa, woynii haareyaa fi zayitii ejersaa addee meen Galma Waaqaa keyamuu fi addee hayyooti worri hujii irra jiranu, worri karra eeguu fi faarfattooti tee'anutti geessan; nuuti ammoo Galma Waaqa keennaa hin lakkinnu‡.

# 11

### *Kolbaa Yerusaalem Keessa Leete*

[1] Bulchitooti kolba'aa qachaa Yerusaalemii
keessa le'ane; kolbaan worri hafane hixaa buufatanee maatii kudhan kudhan keessaa tokko qachaa guddaa woyyicha Yerusaalem keessa le'iisaaf filatamanee, worri hafe ammoo qachoota dhibii keessa le'ane.
[2] Kolbaalle namoota worra fedha ifiitiin
Yerusaalem keessa le'iisaaf ifi kennane mara eebbiche.
[3] Kolbaan Israa'elii gariin, hayyooti, Lewwooti,
tajaajiltooti Galma Waaqaatii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoonii qachoota lafa Yihuda'aa keessa jiranu lafuma ifii keessa qachaa ifii keessa le'ane.

‡ **10:39** *Hin lakkinnu:* Cadhinnee hin ilaallu jechuu ilaala.

4 Sanyii Yihuda'aatii fi sanyii Beniyaaminii
keessalle'ee gariin Yerusaalem keessa le'ane.
Sanyiin Yihuda'aa:

Atayaa ilma Uziya'aa, akaakoo Zakaariyaasii ti.
Sanyiin isaa Amaariyaa, shefaaxiya'aa fi Mahalalelii sanyii Faaresiille dabalata.

5 Akkasuma Ma'aseyaa ilma Baarukii, akaakoo
Kolhozee ti. Sanyiin isaa ta dhibiin Shelaa Haza-
ayaa, Adaayaa, Yoyaariib fi Zakaariyaas.

6 Sanyiin Faaresii worri Yerusaalem keessa
le'ane, loltooti beekkamane, namoota dhibba afu-
rii fi jaatamii saddeeti.

7 Sanyii Beniyaaminii keessaa:

Sa'aaluu ilma Meshulaamii, akaakoo Yo'edii ti. Sanyiin isaa ta dhibiin Fedaayaa, Qolaayaa, Ma'aseyaa, Itii'el, Yeshaa'iya'a.

8 Beniyaaminitti aananee, Gabaayii fi Silaayi,
wolumatti sanyiin Beniyaaminii dhibba sagalii fi
diddamii saddeetitti Yerusaalem keessa le'e.

9 Yo'el ilmi Ziikrii toowataa isaanii ti; Yihudaan
ilmi Hasenu'aa qachaa irratti itti aanaa toowataa
qacha'aa ti.

10 Hayyoota keessaa:

Yedaa'iyaa ilma Yoyaariibiitii fi Yaakiin.

11 Seraayaan ilma Hilqiiya'aa, akaakoo Meshu-
laamii ti. Sanyiin isaa Zaadoq, Meraayootii fi
ka dur Galma Waaqaa keessatti hayyicha guddaa
te'eeru Ahiixub fa'a.

12 Sanyiin Seraaya'aa worri Galma Waaqaa
keessa tajaajilane wolumatti namoota dhibba
saddeetii fi diddamii lama. Isaanille Adaayaa ilma
Yerohaamii, akaakoo Felaaliya'aa ti. Sanyiin isaa
Amzii, Zakaariyaas, Fash-Hurii fi Milkiiyaa fa'a.

13 Sanyiin Adiya'aa, abbootiin firaa dhibba
lamaa fi afurtamii lama. Isaanille Amash-saayii
ilma Azaari'elii akaakoo Ahazaayii ti. Sanyiin isaa
Mashilemootii fi Iimer fa'a.
14 Sanyiin isaanii loltooti beekkamane dhibba
tokkoo fi diddamii saddeeti. Toowataan isaanii
Zabdii'elii ilma Hagdoolimii ti.
15 Lewwoota keessaa:

Shemaayayaa ilma Hashubii akaakoo Azriiqaamii ti. Sanyiin isaa Hashabiya'aa fi Buni fa'a.

16 Shabetaayii fi Yozaabaad, bulchitoota Lew-
wootaa, ta hujii Galma Waaqaatiin alaa ti.
17 Mataaniiyaa ilma Miika'aa, akaakoo Zabdii,
sanyii Asaafii, ka daadimata leellisaa faaru'uun
faarfattoota Galma Waaqaa sooresse.

Gargaaraan isaa Baqbuqiiyaa;

Abdaan ilma shamu'aa, akaakoo Gaalaalii sanyii Yedutuu ti.

18 Wolumatti Lewwoota dhibba lamaa fi sad-
deettamii afuritti qachaa Yerusaalemii woyyicha
keessa le'e.
19 Eeddoti Galma Waaqaa:

Aquub, Xalmoonii fi firoottan isaanii wolumatti dhibba tokkoo fi torbaatamii lama.

20 Kolbaan Israa'elii ta dhibiin, hayyootaa fi
Lewwooti worri hafane, qachoota Yihuda'aa
keessa lafuma ifii keessa qachoota Yihuda'aa
dhibii keessa le'ane.
21 Tajaajiltooti ammoo Galma Waaqaa gaara
Ofeelii gubbaa le'ane; Ziihaa fi Gishiphaan
toowattoota isaanii ti.
22 Toowataan Lewwootaa ka Yerusaalem keessa
le'e Uzii ilmi Bunii, akaakoo Hashabiiya'aa
ti. Sanyiin isaa Mataaniiya'aa fi Miikaa sanyii

Asaafii, worra dur itti gaafatantoota faarfannaa Galma Waaqaa keessaa te'ee ti.
23 Dabareen guyyaa guyya'atti worra faarfattootaatiif kennamuu male akka kennamuuf, mooticha biraa ajaji bayeeru jiraayyu.
24 Sanyii Yihuda'aa ka te'e, sanyii Zera'aa, ilmi Meshezaabi'elii Fetaahiyaan mooticha biratti bakka bu'aa Israa'elii ti.

### *Kolbaa Olloota Fi Qachaa Yerusaalemiitiin Alaa keessa Leetu*

25 Kolbaan Yihuda'aa gariin qachoota asii gadii
ka fichaa isaaniitiin cina'aa: qachaa Kiriyaat-Arabaatii fi olloota isaa keessa, qachaa Dhiibooni-itii fi olloota isaa keessa, qachaa Yiqaabzii'eliitii fi olloota isaa keessa.
26 Akkasuma qachaa Yeshu'aa, qachaa Mo-
laada'aa, qachaa Bet-Phaalexii,
27 qachaa Hazarshu'aalii, qachaa
Bersheeba'aatii fi olloota isaa keessa,
28 qachaa Siiqlaagii keessa, qachaa
Mekona'aatii fi olloota isaa keessa,
29 qachaa En-Rimoon keessa, qachaa Zaarii'a'aa
keessa, qachaa Yarmuutii keessa,
30 qachaa Zaano'a'aa keessa, qachaa Adunaami-
itii fi olloota isaa keessa, qachaa Laakiishiitii fi fichaa cinaa isaa keessa, qachaa Aazeqa'aatii fi olloota isaa keessa le'ane. Maarre isaan biyya Bersheeba'aatii haga dhooqa Hiinomiititti qubatane.
31 Sanyiin Beniyaaminii ka Geba'aa dhufane,
qachaa Makma'aa keessa, qachaa Ayyaatii keessa, qachaa Bet'eliitii fi olloota cinaa isaa keessa,

32 qachaa Anaatotii keessa, qachaa Nobii
keessa, qachaa Anaaniiyaa'aa keessa,
33 qachaa Hazoorii keessa, qachaa Raama'aa
keessa, qachaa Giitaayimii keessa,
34 qachaa Haadiidii keessa, qachaa Zebo'iimii
keessa, qachaa Nebaalaaxii keessa,
35 qachaa Lodiitii fi Onoo keessa, dhooqa
namoota hujii harkaa hujuu keessalle qubatanee
le'ane.
36 Lewwooti dur lafa Yihuda'aa keessa le'anu
gariin lafa kolbaa Beniyaaminii keessa qubatane.

# 12

## *Hayyootaa fi Lewwoota*

1 Hayyootii fi Lewwooti worri Zarubaabelii
ilma She'altii'eliitii fi Iyaasuu woliin booju'uu
deebi'ane, hayyooti: Seraayaa, Ermiyaas, Izraa
2 Amaariyaa, Maluuk, Haxushi,
3 Shekaaniyaa, Rehuum, Meremoot,
4 Iddoo, Giinetoo, Abiiyaa,
5 Miyaamin, Ma'adiiyaa, Biilgaa,
6 Shemaayaa, Yoyaariib, Yedaa'iyaa,
7 Sa'aaluu, Aamoq, Hilqiiya'aa fi Yedaa'iya'a.
Isaan kun bara Iyaasu'uu keessatti sooreyyii
hayyoota firoota isaanii ti.

8 Lewwooti: Iyaasuu, Biinuyi, Qadmii'el, Shere-
biiyaa, Yihuda'aa fi Mataaniya'a. Mataaniyaan
firoota ifii woliin itti gaafatamaa faaruu leellisaa
ti.
9 Firooti isaanii Baqbuqiiyaanii fi Uniiyoon yen-
naa tajaajilaa isaanitti aananee dhaabbatan.

10 Iyaasuun Yoyaaqiim uumate, Yoyaaqiim
Eliyaashiib uumate, Eliyaashiib yoyaadaa
uumate,
11 Yoyaadaan Yonaataan uumate, Yonaataan
Yaaduwaa uumate.

### *Sooreyyii Fira Hayyootaa*

12 Bara Yoyaaqiim hayyicha guddaa te'eerutti,
hayyooti sooreyyii fira hayyootaa te'ane: fira
Seraaya'aatiif, Meraaya'a; fira Ermiyaasiitiif,
Hanaaniya'a;
13 fira Izra'aatiif, Meshulaam; fira
Amaariya'aatiif, Yehohaanaan;
14 fira Meliikuutiif, Yonaataan; fira
Shebaaniya'aatiif, Yoseef;
15 fira Haariimiitiif, Adna'a; fira Meraayootiif,
Helqaayi;
16 fira Iddootiif, Zakaariyaas; fira Giinetooni-
itiif, Meshulaam;
17 fira Abiiya'aatiif, Ziikri; fira Miyaaminiitii fi
fira Mo'aadiiya'aatiif, Phiilxaayi;
18 fira Biilgaatiif, Shamu'a'a; fira Shemaya'aatiif,
Yehonaataan;
19 fira Yoyaariibiitiif, Matenayi; fira
Yedaa'iya'aatiif, Uzi;
20 fira Saalaayiitiif, Qalaayi; fira Aamoqiitiif,
Ebeer;
21 fira Hilqiiya'aatiif, Hashabiiya'a; fira
Yedaa'iya'aatiif, Nataani'el;
22 Bara Eliyaashaab, Yoyaadaan, Yohaannaanii
fi Yaaduwaan hayyoota gugurdoo te'aneeranutti,
galmeen sooreyyii fira Lewwootaatii fi sooreyyii
fira hayyootaa tun, bara Daariyos mooticha
Faaresii te'eerutti galmeeffante.

23 Sooreyyiin maatii Lewwootaa haga bara Yohaannaan ilma Eliyaashiibii jiru qofa galmee dabarsi'ii keessatti galmeeffamane.
24 Lewwooti qajeelfama sooreyyii Lewwootaa Hashabiiyaa, Sherebiiya'aa fi Iyaasuu ilma Qadmii'eliitiin, addee lamatti qoodamanee, fuullee wolii dhaabbatanee, nami Waaqaa Daawiti akka ajajetti wol irraa fufuudhaa leellisaa fi galata Waaqaaf galchane.
25 Mataaniiyaan, Baqbuqiiyaan, Obaadiyaan, Meshulaam, Xalmoonii fi Aquub eedduu mana meyaa, ka karra dalleya Galma Waaqaa biraa ti.
26 Namooti kun bara Yoyaaqiimiin ilmi Iyaasuu akaakoo Yozaadaaqii, akkasuma bara Nahimiyaan biyya bulchuu, bara Izraan hayyichaa fi barsiisaa Seera Muuse'ee te'eeru tajaajilane.

### *Dalleenni Qachaa Yerusaalemii Eebbifame*

27 Yennaa dalleenni qachaa Yerusaalemii eebbifame, sibiila wolitti dhowamee qilillisuun, kiraaraa fi maseenqo'oon, faaruu galataatiin gammadaan akka isaan jilifatanu, Lewwoota addee isaa le'anu maraa gara Yerusaalemii fidane.
28 Faarfattoota maatii Lewwootaa addee isaan qubataneeranu adaala Yerusaalemiitii fi adaala olloota Nefaatotaa keessaa,
29 Bet-giilgaalii, Geba'aa fi Bet-Azmaawet irraa wolitti qabamane.
30 Hayyootii fi Lewwooti akka aadaa dhugeeffanna'aatitti ifi qulqulleessanee, kolbaa, karra dalleyaatii fi dalleya qacha'aa qulqulleessane.

31 Achiin duuba ani Nahimiyaan sooreyyii Yihuda'aa dalleya irratti akka bayanu godhee, golii gugurdoo lamatti qoodee Waaqaaf galata galchaa qachaa akka naannowanu godhe.

Goliin qaraa harka middaatiin dalleya irra gara karra, «karra kosi'ii» jedhantu dhaqane.
32 Hoshaa'iya'aa fi gamisi sooreyyii Yihuda'aa faarfattoota san duubaan ideemane;
33 Azaariyaan, Izraan, Meshulaam,
34 Yihudaan, Beniyaamin, Shemaa'iyaanii fi Ermiyaas,
35 ammalle Hayyooti gariin worri tultullaa afuufu, Zakaariyaasii ilma Yonaataanii, akaakoo Shemaa'iya'aa woliin dhaqane; sanyiin isaa Mataaniyaa, Mikaayaa, Zaakurii sanyii Asaafii fa'a.
36 Ammalle sanyiin Zakaariyaasii: Shemaa'iyaan, Azaari'el, Milalaayi, Gilalaayi, Nataani'el, Yihuda'aa fi Haanaan, meya ittiin faarfatanu ka akka Daawitiin nama Waaqaa faarfatuu qabatanee isa gula deemane; barsiisaan Seera Muuse'ee Izraan isaan sooresse.
37 Karra madda bisaanii yennaa geyane, yaabbannoo irra gara qachaa Daawitii ol bayanee, mana mootummaa Daawitii irra dabaranee, karaa aduun baatuun gara karra bisaanii deebi'ane.

38 Goliin* faarfattootaa ta lammeesso'oo, dalleya irra gara bita'aa deemane. Anille kolbaa gamisa woliin isaan gula deemee, xelleephoo ibiddaa bira dabarree, dalleya badhaa bira geenne.

* **12:38** *Goliin:* Yookiin gareen

39 Karra Efreemii gubbaarra, karaa karra
dullatti'iitiin, karaa karra qurxummi'iitiin,
karaa xelleephoo Hanaani'eliitii fi karaa
xelleephoo «Dhibba» jedhantuun, gara karra
hoolotaa dhandhe; karra worra eeddotaa biratti
dhaabbane;
40 goliin faarfattootaa lamaanuu worri
Waaqaaf galata galchinu adaala Galma Waaqaa
geenne.

Worra sooreyyii na woliin jiranu irratti dabalamiisaan,
41 hayyooti tultullaa afuufanu ka na woliin
jiranu Eliyaaqim, Ma'aseyaa, Miyaamin,
Miikaayaa, Eliyo'enaayi, Zakaariyaasii fi
Hanaaniya'a;
42 ammalle Ma'aseyaa, Shemaa'iyaa, Ele'azaar,
Uzii, Yehohaanaan, Malkiiyaa, Elaamii fi Azer;
faarfattooti Yizraayaatiin sooreffamiisaan qoonqoo guddo'oon faarfatane.
43 Guyyaa san Waaqi waan guddoo isaan
gammachiiseef, kolbaan gammadaan guutantee,
woreega hedduu kennite; dubartootii fi ijoolleelle
gammadde. Shookkessi gammada isaanii qachaa
Yerusaalemii irraa fago'otti dhage'ame.

### *Kennansa Tajaajila Galma Waaqaatiif Kenname*

44 Guyyuma san namooti mana meyaa ka ken-
nansi kennamu, midhaan mata'aatii fi kudhan
keessaa tokko itti kuufamu irratti itti gaafatan-
toota akka te'anu muudamane; namooti kun akka
Seeraatitti hayyootaa fi Lewwootaafille qooda
kennamu, fichaa adaala qachoota isaanii jiru ir-
raa mana kuusa'aatitti wolitti qabiisaafille itti

gaafatamummaa qaban. Kolbaan Yihuda'aa martinuu hujii hayyootaatii fi Lewwootaatitti gammadde.
45 Isaan tajaajila Waaqa isaaniitii fi aadaa dhugeeffanna'aa ta qulqulleeffanna'aa godhane. Faarfattootii fi eeddoti karraalle akkuma ajaja Daawitiitii fi ilma isaa Solomooniititti, huji ifii hujane.
46 Bara durii, bara Daawitiitii fi Asaafii, sooreyyiin faarfattootaa, faaruun leellisa Waaqaatii fi Waaqa galateeffatiisaalle hin jiraniiyyu.
47 Bara Zerubaabeliitii fi Nahimiya'aa Israa'elooti marti faarfattootaa fi eeddota karraatiif qooda isaanii guyyuma guyya'aan hin kennan. Kolbaa Lewwootalle'eef qooda isaanii kennaa turane; Lewwootille waan qooda ifii irraa hayyootaaf† hin kennaniiyyu.

# 13

## *Israa'el Orma Irraa Gargar Baate*

1 Gaafas isaan kitaaba Muuse'ee qoonqoo ol qabatanee dubbisane; kitaaba san keessalle'etti «Worri Amooniitii fi Mo'aabii ijjumaa wolde'a Waaqaatitti hin makamin» jedhantee ta barreeffanteertu dhaggane.
2 Worri Amooniitii fi Mo'aabii, karaa biyya Gibxi'ii irratti sagale'ee fi bisaan kolbaa Israa'eliitiif kennuu irra, Bala'aam beese'een bitanee akka kolbaa Israa'elii isaaniif abaaru

† **12:47** *Hayyootaaf:* jechuun sanyii Aaroniitii.

waan godhaneef, ajaji kun kenname. Te'uu malee, Waaqi keenna abaarsa eebbatti jijjiire.

3 Kolbaan yennaa Seera kana dubbifamuun dhageette, sanyii ormaa Israa'elii irraa gargar baache.

4 Tanaan dura hayyichi Eliyaashiib, itti gaafatamaan meya Galma Waaqaa keessaa, Xobiiyaa woliin lansummaa qabaayyu.

5 Inni kolloo badhoo, ta dur kennansi midhaanii, kennansi hixaanaa, mey Galma Waaqaa, kennansi midhaanii ka kudhan keessaa tokkoo, daadhiin woyni'iitii fi zayitiin Lewwootaaf, faarfattootaaf, worra karra eeguufille kennamu akka keessa keyamu yaadamee hujame, akkasuma kennansi hayyootaaf kennamu keessa keyamu, Xobiiya'aaf kenne.

6 Artashaastaan mootiin Baabilonii mootii te'ee woggaa soddomii lammeesso'ootitti ani gara mootichaa waan dhaqeef, yennaa san maraayyuu ani Yerusaalem keessa hin jiru; yennaa diqqo'oon duuba ammoo mooticha kadhadhee,

7 gara Yerusaalemii deebi'e; achitti Eliyaashiib Galma Waaqaa keessatti kolloo tokko Xobiiya'aaf kenniisaan waan hantuu inni huje hubadhe.

8 Kun guddoo na aarsee, meya manaa ka Xobiiya'aa mara kolloo Galma Waaqaa san keessaa gad gate.

9 Achiin duuba ani kolloon akka qulqulleeffantu, mey Galma Waaqaa, kennansi midhaaniitii fi hixaanaalle akka deebi'ee itti galu ajaje.

10 Lewwootii fi faarfattooti Galma Waaqaa keessaa, qoodi isaanii waan hin kennaminiif, akka isaan gara fichaa ifii deebi'ane hubadhe.

11 Maarre ani bulchitoota mormee, «Galmi
Waaqaa maaniif gatame» jedhee gaafadhe;
Lewwootaa fi faarfattootalle wolitti waamee
hujii Galma Waaqaa keessaatitti isaan deebise.
12 Achiin duuba kolbaan Yihuda'aa martinuu
midhaan irraa, daadhii woyni'iitii fi zayitii ejer-
saa irraa, kudhan keessaa tokko kolloo meya
Galma Waaqaatitti fidiisa jalqabane.
13 Ani Shelemiiyaa hayyicha, Zaadoqii barsi-
isaa Seeraatii fi Fadaayaa Lewwicha, addatan-
toota waan te'aneef, itti gaafatantoota mana meya
Galma Waaqaa akka te'anu godhe; Haanaanii
ilma Zaakurii, akaakoo Mataaniiya'aa, qarqaaraa
isaanii godhe. Hujiin isaanii qooda fira isaaniitiif
kennamu qoodiisa.
14 Ee Waaqa kiyya, waan kanaaf na yaadadhu;
hujii dansaa ani Galma keetiif, tajaajila isaatiif
godhe haxoottee hin balleessin!
15 Bara san kolbaan Yihuda'aa guyyaa
Sanbataatiin woynii cunfanuun, midhaan
galfatanuun, unkuruura woyni'ii, midhaan
woyni'ii, midhaan harru'uutii fi fe'iisa adda
addaa guyyaa Sanbataatiin gara Yerusaalemii
fidaneeranuun dhagge. Tanaaf ani yennaa san
sagalee akka hin gurgurre isaan dhoogge.
16 Kolbaan biyya Xiiroosii worri Yerusaalem
keessa le'u gariin qurxummi'ii fi waan gurgu-
ramu adda addaa, guyyaa Sanbataatiin gara
Yerusaalemii fidanee Yihudootatti gurguratane.
17 Ani qondaaltota Yihuda'aa mormee, «Guyyaa
Sanbataatiin, wonni hantuun isin hujiisatti jir-
tanu kun maan? Isin Sanbata batteessiisatti jir-
tan.

18 Waaqi qacha'aa fi nu irratti badii tana mara
wonni fideef, abbootiin teessan badii tana huj-
jeefii motii? Ammalle isin Sanbata batteessiisaan
Israa'el irratti mufii Waaqaa ta caaltu fidaartan»
jedhe.

19 Sanbati boru jedhaa, aduun dhiitee dim-
immitteen, karri Yerusaalemii akka cufantuu fi
haga Sanbati dabarutti akka hin bananne ani
ajaje; guyyaa Sanbataatiin fe'iis tokkolle akka ol
hin seenne, tajaajiltoota tiyya keessaa garii karra
karra irra dhaabbachiise.

20 Daldaltootii fi worri waan adda addaa gurgu-
ratu yennaa tokko yookiin yennaa lama dalleya
Yerusaalemiitiin ala bulaneeran.

21 Ani ammoo, «Isin maaniif dalleyaan dura bul-
tan? Lammeessoo yoo itti deebitane, ani hunnaan
isin ari'a!» jedhee isaan ifi eeggachiise. Yen-
naa sanii jalqabanee isaan guyyaa Sanbataatiin
deebi'anee hin dhunne.

22 Lewwooti guyyaa Sanbataa woyyoonsiisaaf,
ifi qulleessanee, dhaqanee karroota akka eeganu
ani isaan ajaje. Ee Waaqa kiyya, waan kanaaf
na yaadadhu, akka jaalala keeti guddaa bara
baraatitti, na mararfadhu!

23 Bara san ani, dhiirti Yihudootaa dubartoota
Ashidoodii, Amooniitii fi Mo'aabii akka fuudha-
neeranu beeke.

24 Ijoollee isaanii keessaa gamis afaan worra
Ashidoodii yookiin afaan kolbaa dhibi'ii keessaa
tokko dubbatti malee, afaan Yihudootaa dandeet-
tee hin dubbattu.

25 Anille isaan mormee, isaan abaareelle,
isaan keessaa garii dhowee, rifeensa isaan
irraa buqqise; ijoollee durraa ta isaanii ilmaan

ormaatitti akka hin heerumsiinne, ilmaan isaaniille yookiin isaan ifiifille ijoollee durraa ta ormaa akka hin fuuneef maqaa Waaqaatiin isaan kakachiise.
26 Ani isaaniin, «Mootiin Israa'elii Solomoon cub-
buu ka huje fuudha akkasii kanaanii motii? Gosa biyya adda addaa keessaa mootiin akka isaa hin jiruuyyu; Waaqi isa jaalatee, Israa'el mara irratti isa mootonse; te'uu malee, dubartooti ormaa ta inni fuudhe isaayyuu akka cubbuu huju godhane» jedhe.
27 Isin ijoollee duraa ta ormaa fuudhiisaan
Waaqa keenna mormtanee hammeenna gudda'aa fi yakkaa akka hujjanu dhage'iisaan nuutille fakkeenna keessan hordonnaa ree?
28 Yoyaadaan ilma hayyicha guddaa Eliyaashi-
ibii ti; ilmaan Yoyaada'aa keessaa tokkochi intala Sanbalaaxii qachaa horoonii fuudhe; maarre ani akka inni Yerusaalem lakkisee deemu godhe.
29 Ee Waaqa kiyya! Hujii hayyumma'aatii fi gon-
dooroo ati hayyootaa fi Lewwoota woliin goote akka isaan xureessane qaabadhu!
30 Maarre ani hayyootaa fi Lewwoota waan
orma te'e mara irraa qulleessee, tokko tokkoofuu, hujii hujanu itti kenne.
31 Ammalle ani qoraan ciincaa ittiin ciinceffa-
muu fi midhaan galfatanu keessaa ka mata'aa, yennaa murteeffantetti, gara Galma Waaqaa akka fidanu godhe.

Ee Waaqa kiyya, waan ani godhe kanaaf na yaadadhu!

# Kitaaba Woyyuu
## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e